

# Yooman qoratamuu qaba? Walitti qabama Namootaa Guddaa

## BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19'f yoom qoratamuu qabdu?

Gaafa Dilbataa cidharratti argamtan. Maatii fi hiriyooni qophii sanarra turan maaskii godhachaa hin turre ykn faana 6 wal irraa fagaatanii hin turre.

Gorsawwan qorannoo yeroo ammaa akka jedhanitti namni hundi qophiiwwan guguddoo akkanaa erga hirmaatee guyyaa shan booda qoratamuu qaba. Keessumaa tarii nama COVID-19 n qabame waliin waltuttuqqii dhiyoo qabaatanii turtan yoo ta'eef.

Yoo isin dhukkubuu jalqabe, yerooma sana sakatta'amaa.

Haala kana keessatti, qophichi gaafa Dilbataa ture, kanaaf guyyaa shan booda jechuun gaafa Jimaataa qoratamuu jechuudha.

Gorsawwan waa'ee maaskii godhachuu fi mana turanii namoota biroorraa fagaachuu hordofuu keessan mirkaneeffadhaa. Odeeffannoon dabalataa marsariitii MDH Ofii Keessanii fi Namoota Biroorraa Eegaa [www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/prevention.html](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/prevention.html) irra jira.

Waa'ee yeroowwan biroo itti qoratamuu qabdaniif fi waa'ee eessatti akka qoratamuu qabdaniif caalaatti baruuf, marsariitii COVID-19 Qoratamuu MDH ilaalaa <https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html>.

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health  
Communications Office  
PO Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
651-201-4989  
[health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us)  
[www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

2/2/22 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989*